Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yasusii fi Alaazaar



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2022 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Maariyamii fi maartaan in dhiphatan.
Obboleessi isaanii Alaazaar baayyee dhukkubsate jira.
Obboleettiin isaa akkan battala du'uu danda'u barte. Yasusiin waamuuf nama ergan.
Bitaaniyaadhaa maatii kana in jaalata.

Yasus waa'ee Alaazaar yeroo dhaga'e duuka buutuu isaatti, "Dhukkubsachuun du'a miti." Yasuus maayilii fagoo irra ta'us maaltu akka Alaazaariif ta'u sirriitti in beeka ture.



Yasus Biyaaniyaa guyyaa lamaaf ture. Waanti inni duuka buutota isaatti dubbate hibboo itti ta'e. "Alaazaar du'eera. Bakka sanaa dhabamuukootti nan gammada kanaa amanaa ittiin jedhe." Jechi keessumman akka kanaa kun maal jechuudha? Yasus maal gochuuf karoorsaa jira?

Yasus yeroo Bitaaniyaa ga'u, Alaazaar erga du'ee guyyaa afur ta'eera.
Reefisaa awwaalameera, holqa akka awwaalaa keessa dhaagaan itti hirkifameera.

Maartaan Yasusiin arguuf baate. "Obboleessi kee in ka'a," jedheen Yasus. "Guyyaa dhumaatti ol gara waaqaatti in ba'a kana beeka," jettee deebisteef Maartaan. Hamma inni guyyaa dhumaatti deebi'ee ka'utti eeguu qabdi ture.

Garuu kan Yasus jedhe walii adda addaummaa hiikaa godhate.

"Du'aa ka'uun jireenyis ana," jedhee Yasus Naartaatti hime. "Naming natti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata." Maartaan Yasusitti amante. Akka inni ilma Waaqayyoo ta'es itti amante. Garuu gooftaan Yasus akkamitti Aalaazaariin gargaare?

Namotin bakka sana jiran Alaazaar waan du'eef in gaddan. Maariyam obboleettiin Alaazaar in iyyite. Utuu ati jiraatte obboleessi koo hin du'u jechuun Yasusitti boosse.



Yasuus namoota waliin gara awwaala Alaazaar deeme. Dhagaa guddaatu awwaalicha irratti hirkatee jira.

“Dhagicha irraa kaasaa,” jechuun Yasus ajaje. “Gooftaa,” yeroo kanatti foolii badaa in godhata erga awwaalamee guyyoota afur dabarseera,” jechuun Maartaan deebisteef.


Dhaagicha
irraa kaasaan isiin
jedha jechuunvYasus
ajaje. Isa booda
Yasus gara Waaqa isa
jiraataatti harkasaa ol
kaasuun kadhate. Yasus
dinqii ati raawwadhu
jette akka raawwatu
akka ergite sabin kun
beekuuf.

Yasuus
sagalee guddaan
"Alaazaa", jedhee
waame. "Ka'I awwaala
keessaa gad ba'i!"
Sabin isa waliin jiru
ija isaanii baasanii
akka ajaa'ibaattu gara
awwaalichaa holqa keessa
jiruu ilaalan.

Eyyee!
Alaazaar
awwaala
holqa
keessaa
jiru keessa
ka'e as ba'e,
miilli isaa fi
harkisaa
uffataan
xaxamee -
garuu
LUBBU
QABEESSA
ta'e.

“Irraa hiikaa gadhiisaa hadeemu,” jedhe Yasus.

Gammachuu guddaanis ta'e!
Himimaan dhangalaasuun gammachuutti geeddarame. Yasus waadaa gale eegee. Alaazaas du'aa ka'e. Ilma Waaqayyoo Yasus qofaatu nama du'e raawwate deebisee jiraataa taasisa.

Namootin baayeen dinqii Yasus raawwate argan Yasusitti amanan. Garuu namootin muraasin isaanii namoota diina Yasuistti gocha isaa kana – geggessitoota mana qulqullummaatti gabaasan.

Yasusii fi Alaazaar

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yohaannis 11

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16